Qo'annoo Macaafa Qulqulluu

SEERA KEESSADEEBII 6:1-25

MATA DUREE: Waaqayyoon jaallachuun abboommii isa hunda irraa caalu ta'uu

SEENSA: Kuta kana keessatti Isra'eelonni waanta waaqayyoo isaaniif godhe akkamitti biyya garbummaa biyya gibxii keessaa isaan baasee seera isaas isaaniif akka kenne seera kana yoo eegan immoo waaqayyo biyya abbootii isaaniif kakate akka isanii kennu yeroo achitti gaalan immoo waantii gaariin akka isaaniif ta'u biyyatii sana kessas yeroo dheeraa akka jiraataniif Waaqayyoon jaallachuu ijoollee isaanii akka barsiisuun isaan irraa eegamu abboomaman.

BOQONNAA 6 **Dubbifadhu**

GAAFFIILEE MAREE

1. Seerri Waaqayyo kenne kun eenyuuf? A/ Isaaniif B/ ijoollee isaaniif C/ ijoollee ijoolleesaaniif D/ hunduma isaaniif
2. Sabni seera Waaqayyo isaaf kenne eegu lakkoofsaan baay'achaa jiraataa gaariinis isaaf ni ta'a. A. Dhuguma B. Eeyyee akkasuma C/soba miti D. Hundumaa
3. Waaqayyoon Waaqakee akkasitti hin jaallatin. A/ garaa kee guutuudhan B/humna kee guutuudhaan C/ garaa hiramaadhaan
4. Ijoollee isaanii yeroo kam barsiisu? Yeroo mana taa'an B/ karaa irra yeroo adeeman C/ Yeroo ciisan fi yeroo ciisaa ka'an D/Yeroo hundumaa
5. Dubbii seeraa kana eessaa haa kaawwatan? A/ Harka isaanii irra B/ Ija isaanii dura C/ Michichila balbalaa fi karra isaanii irraa D/ iddoo Hundumaa
6. Ijoolleen isaanii bor waan isaan gaafataniif maal deebisu maalis dhugaa ba'uuf?
   A/ Garbummaa biyya gibxii keessa Waaqayyo isaan baasuu isaa
   B./ Waaqayyoo Seeraa isaanii kennu isaa fii akka eegan abboomamuu isaanii
   C/ Seera kana yoo eegan bor waanti gaariin akka isaaniif ta'u
   D/ Hundumaa
7. Waaqayyon soodachuun inni sirriin isa kam ? A/ isa jaallachuu fi seera isaa eegu B/ rukutee na ajjeesa na balleessa jechuu
8. Waaqayyoon yeroo attamii akka hin hirraanfanne itti dubbatame? A. Biyya abboota isaaniif abdachiifametti guyyaa galan B/ Magaalaa fi manneen ijaaraame

yeroo qabatan C/ waanta itti hin dhanbne irraa nyaatanii yeroo quufan D/ Hundumtuu deebii dha.

Gaaffii addaa

Keessa Deebii 6:16 fi Wangeela Matewoos 4:1-10 erga dubbistee boodda gaaffii kana deebisi.

9. Gooftaan keenya Yesus Yeroo Seexannii gaaffiilee sadii isa gaafate Gooftaa kee gara malee hin eeggati jedhamee barreeffameera jedhee kan innin deebiseef gaafii isa kaiif ture, A/ Ati dhugumaan ilma waaqayyoo yoo taate dhagoonni kun buddeena akka ta'aniif abboomi

B/ Kuftee yoo na sagadde kana hundumaa siifan kenna

C/ Ati dhugumaan ilma waaqayyoo yoo taate kana irraa gad of darbadhu